

Yesus Duukaan

Mark McGee tiin

Boqonnaa

Yesus Duukaa Bu’uu 3

Ani Duukaasaan Bu’a 9

Duuka-buutuun kan Baratuudha 14

Duuka-buutuun kan Abboomamuudha 17

Duuka-buutuun Qofaasaa miti 20

Yesus Duukaa Bu’uu

Erga Yesus Kiristosiin Gooftaa fi Fayyisaa keenya goonee simannee maaltu ta’e? Jireenyi keenya karaa isa duriitti booddee deebi’ee immoo akkam? Jireenya fi yaada isa karaa moofaa durii irra jirraa laata? Ta’uu hin qabu. Yesusiin gara jireenya keenyaatti simachuu jechuun duuka-buutuu Yesus Kiristos ta’uu jechuudha. **Duuka-buutuu** Ilma Waaqayyoo ta’uun dubbii **cimaadha**. Kiristaanummaan dubbii jabaadha. Innis tajaajila waaqeffannaa waldaa isa Dilbata ganamaa hordofuurra hedduu caala. Waldaa Kiristaana guyyaa ayyaana dhalachuu Kiristosii fi du’aa ka’uu isaarra waldaa waggaatti si’a lama hirmaachuurra **baay’ee** caala. Kanaafuu Yesuus “duukaa-bu’uu” jechuun maal jechuudha?

Macaafin Kakuu Haara akaakuu duuka-buutuu hedduu nu agarsiisa. Kaan isaanii dhimmamoo, kaan immoo waan Yesus hojjetuu fi itti aansee dubbatu barbaadu. Jalqaba mee fakkeenya namoota dhimmamanii Yesus duukaa bu’anii ilaala.

> “Yeroo sanaa jalqabee Yesus, "Mootummaan waaqaa waan dhi'aateef, yaada garaa keessanii geddaradhaa!" jedhee labsuutti ka'e. Yesus ciisa bishaan Galiilaa bukkee utuu deddeebi'uu obbolaa lamaan, Simoon isa Phexros jedhamuu fi Indriiyaas obboleessa isaa kiyyoo isaanii bishaanitti darbachuutti jiru iyyuu arge; isaan qurxummii-qabduu turan. Yesusis, "Na duukaa bu'aa! Anis nama kan walitti qabdan isin nan godhadha!" isaaniin jedhe, Achumaan isaan kiyyoota isaanii achitti dhiisanii isa duukaa bu'an. Inni achii adeemee obbolaa kan biraa lama, Yaaqoobii fi Yohannisin ilmaan Zabdewoos, abbaa isaanii Zabdewoosii wajjin

bidiruu isaanii keessatti kiyyoota isaanii utuu tottolfatanii argee, isaan in waame. Achumaanis bidiruu isaanii, abbaa isaaniis dhiisanii isa duukaa in bu'an," Maatewos 4:17-22.

Yeroo itti fufnee Macaafa Kakuu Haaraa dubbisnu Simoon Pheexiroosii fi obboleessa isaa Indiriyaas, Yaa'iqoobii fi obboleessa isaa Yohaannis waa'ee Kirisitosiin duukaa bu'uu cimsanii qabanii turan. Hundi isaanii kun miseensa warra itti dhiyeenyaan Yesus Kiristosiin hordofan turan, kanaafuu Ergamoota taasifaman. Pheexiroos boodarra isa duukaa bu'uun gatii guddaa akka isaan kafalchiise Kiristosiif kaaseera, *"Kunoo, nuyi hundumaa dhiifnee si duukaa buuneerra,"* jedhan. (Maarqos 10:28) Jechii Pheexiroos kun bara kamiin keessattu Kiristosiin duukaa bu'uun jechuun maal jechuu akka gaariitti ibseera. Yesus walakkaa jireenya keenya barbaada ituu hin taane guutummaa keenya barbaada.

Yesus immoo warra isa faana bu'an akki inni itti ibse: *"namni tokko illee ana duuka bu'uu yoo barbade, waa'ee ofii isaa dhiisee, fannoo isaa [isa anaaf jedhee baatu] of irraa ka'aatee, ana duukaas haa bu'u."* (Marqos 8:34) Yesus illee dhimmamaa ture. Inni tapha sammuu ykn kan jechoota taphachaa hin turre. Inni sirritti isa duukaa bu'uun maal akka ta'e namootatti himaa ture. Namicha sooressa isa duuka-buutu Kiristos ta'uu fedhii qabuun Yesuus akkas jedhe: Yesus ilaalee isa jaallatee, *"Waan tokkotu si duraa hir'ata. Dhaqii, waan qabdu gurgurii, warra deegaadhaafis kenni, waaqa irratti badhaadhummaa in qabaatta; isa booddee immoo kottuu ana duukaa bu'i!"* jedheen (Marqoos 10:21). Namichis sooressa waan tureef nyaara guuraa Yesus biraa ba'ee deeme. Inni jechaan Yesusiin duuka bu'uu

barbaada, garuu duukaa bu’uun gatii inni nama kaffalchiisu Waaqayyotu murteessa.

Yeroo adda addaa bara tajaajila Kiristos kumaatamatu isa “faana bu’aa” ture. “*Yesus kana baree achii sokke; namoonni baay'eenis isa duukaa dhaqnaan warra dhukkubsatan hundumaa fayyise;* Matewoos 12:15.

“Yesus kana yommuu dhaga'e kophaa isaa bidiruudhaan achii ka'ee gara iddoo qoofniitti sokke; tuuti sun immoo adeemuu isaa dhaga'anii mandarootaa miillaan isa duukaa bu'an*.”* Matewoos 14:13

“Warri Yesus duukaa bu'an namoota baay'ee waan turaniif, Yesus mana Lewwii maaddiitti yommuu taa'e, qaraxxoonnii fi warri akka seeraatti hin jiraanne baay'atanii, Yesusii fi bartoota isaa wajjin maaddiittiin taa'an Marqoos 2:15. Yesus bira ga'anii, namicha isa duula hafuura hamaadhaan qabamee ture sana wayyaa uffatee, qalbii isaattis deebi'ee achi taa'ee argan; hundumti isaaniis in sodaatan Marqoos 5:24. Muka harbuu tokko karaa bukkeetti argee, gara isaatti yommuu gore baala duwwaa malee, homaa irraa hin arganne. Kanaaf mukichaan, "Bara baraan iji si irraa hin argamin!" jedhe; kana irratti harbichi achumaan goge. Matewoos 21:19.

Lakkoofsi luqqisa inni dhumaa ergaa cimaa dubbata. Hidhamuu, reebamuu fi fannifamuu Yesusiin dura tuuta sabaatu Yesusiin “duukaa bu’aa” ture. Yeroo inni qabamee, reebamee fi fannifame eessa turan? Yeroo geggeessitoonni Israa’el Yesuusiin ajjeesuu murteessan “Duuka-buutuun” Kiristos hundinuu iddoodhaa dhabaman. Namoota lakkofsaan murtaawootu du’aa ka’uu booda deebi’an, haa ta’u iyyuu malee muuxannoon sun waa’ee gatii duuka-

buutuun nama baasisu baratan. Yesusiin duukaa bu'uun waan hundumaa akka nama kaffalchiisu baratan.

Kan ani Kiristaana jedhu hunduu Kiristaana dhugaa miti. Kan ani duuka-buutuu Krisitoos jedhe hundinuu dhugaatti Kiristosiin duuka bu'aa jira jechuu miti. Kiristosiin duukaa bu'uun gatii cimaa ta'e baasuu nama gaafata: namoota Kiristositti haaraa ta'an jaallachuu fi kadhachuuf akkasumas guutummaa jireenya kan gaafatu ta'uu mala. Duuka-buutuu Yesus Kiristos ta'uu jechuun of kan jaallannu caalaa Yesusiin jaalachuu jechuudha. Duuka-buutuu Yesus Kiristos ta'uu jechuun qaama birafis ta'e waan biraa akkasumas ofiif dhimmamuurra caalaa dhimmamtoota Yesus ta'uudha.

Kiristosiin duukaa bu'uun mi'a gatii nama harkatti dhabe ituu hin taane, waan garuu gatii guddaa nuti bara jireenya keenyaa kafallee hin beekne nu gaafata. Nuti **dhugaadhumatti duuka-buutuu** Ilma Waaqayyo ta'uu feenaa? Gatii nu gaafatu haa shallagnu- isa duukaa bu'uu jechuun maal akka ta'e haa barru.

> "Ammoo namoonni lakkoobsa hin qabne isaa wajjin utuu adeemanii, Yesus gara isaaniitti garagalee, "Namni gara koo dhufu, abbaa isaatiifi haadha isaa, haadha manaa isaatii fi ijoollee isaa, obboloota isaatii fi obboleettota isaa, ofii isaas ana caalaatti kan jaallatu bartuu koo ta'uu hin danda'u. Fannoo isaa anaaf jedhee baatee na duukaa kan hin buune, bartuu koo ta'uu hin danda'u. "Isin keessaa namni mana dhagaa ijaaruu barbaadu, duraan dursee horii ittiin mana kana ijaaree raawwatu qaba yoo ta'eef, taa'ee kan hin shallagne eenyu? Kanaa achi hundee isaa kaa'ee ijaarsa manichaa yoo raawwachuu dadhabe, kan kana argan hundinuu itti in ga'isu;

'Ilaa namni kun ijaaruu jalqabe garuu duuchuu dadhabe' jedhuun. Yookiis mootii kam mootii kan biraa wajjin kan walitti duulu, isa loltuu kuma digdamaan itti dhufu kanas loltuu kuma kudhaniin ittiin qabuu danda'a yoo ta'eef, duraan dursee taa'ee kan hin mari'anne? Hin danda'u yoo ta'e garuu, mootichi isa loluudhaaf ka'e sun fagoo utuu jiruu namoota isaa itti ergee nagaa buusuudhaaf in kadhata. Akkuma kanattis eenyu illee isin keessaa qabeenya isaa hundumaa kan gad hin dhiifne bartuu koo ta'uu hin danda'u" jedhe. Luqaas 14:25-33

Yesus badhaadhumma keenya hundaa hiyyeessaaf akka laannu nu gaafachuu dhiisuu danda’a, garuu fedhii qabaachuu keenya nu gaafata. Akka abbaa fi haadha ykn haadha manaa fi ijoollee ykn obboleessaa fi obboleetti keenya akka jibbinu nu hin gaafatu, garuu fedhii qabaachuu keenya nu gaafata. Yesus kristosiin duukaa bu’uu hammam iddoo itti kenninee jirraa?

Yesus tajaajila lafarraa kan inni eegale dinqii dalaguudhaani — bishaan daadhitti geeddare, dhukkubsataa fayyisee, tuuta sooree du’aa kaasuudhaan ture. Namoonni kumataamaan dinqii ilaaluu fi dubbii isaa dhaga’uuf duukaa yaa’u turan. Yesus tajajila isaa isa lafa irraa kan inni xumure namootatti gatii duuka-buutuu isa ta’uun gatii inni nama kaffalchiisu itti himuudhaan ture. Kumaatamni isa dhiisanii kophaasaa waa’ee cubbuusaanitiif gara fannootti adeeme. **Inni kun** isa nuti **duukaa bunuudha**.

Yesusiin Duukaa Nan Bu’a

Sirba qalbii namaa harkisu kan Little Peggy yeroo umuriin ishee waggaa14 sirbite tokko jira. “I Will Follow Him” /ani isa duukaan bu’a/ kan jedhu bara 60 keessa kan maxxanfame (1963 ALG). Sirbichi waa’ee jaalala dubarri tokko isa dhiiraaf mul’istuudha. Hammam akka isheen isa jaal’attu ilaali:

> “Ani isa nan jaal’adha, Ani isa nan jaalladha, Ani isa nan jaalladha, akkasumas gara inni adeemuu isa duukaan bu’a, isa duukaan bu’a, isa duukaan bu’a
>
> Isa duukaan bu’a, duukaan bu’a bakka inni deemuu galaanni gadi fagoon, gaarri ol-dheeraan na dhorkuu hin danda’u.
>
> isa duukaa bu’uun qaba, yeroo inni harkatti na bu’ee kaasee ani beekeera, itti dhiyoon jira, yeroo hundaa akkasumas homtuu isa narraa hin dhorku, innoo xumura kooti.”

Agartee jaalala dardara kana isa gadi fagoo fi of kennuu isheen ilmoo namatiif qabdu. Isheen bakka inni adeemu hundaa duuka deemuuf fedhii qabdi. Galanni gadi fagoon fi gaarri ol-dheeraan ishee dhorkuu danda’u hin turre. Erga harka ishee tuqee kaase isheen akka inni isheetti dhiwoo jirtu barteetti. Homtinuu isaas ishee irraa dhorkuu hin danda’u sababi isaas innoo galama isheeti. Isheen isa duukaa bu’uu qabdi.

Akkamiin jaalala dardarri ittiin dargaggeessa jaal’atu kan Kiristaanni

Yesus Kiristosiin jaalatu wajjin al dorgomsiifna? Duuka bu'uu **qabnaa** nuti? Bakka inni deemu **hundaa duukaa** deemuu qabnaa nuti? Galaanni **baayyee gad fagoon**, gaarri baay'ee ol-fagoon isa irraa nu dhorkuu danda'u jiraa? Yesus Kiristos xumura keenyaa?

Nutti waan biraa jaalachuurra caalaa Ilma Waaqayyoo jaal'achuutu nurra jiraata. Nuti dha'annaa laphee keenyaa hundaan Yesusiin jaallachuutu nurra jira. Afuurri nuti ol-fudhannu hunduu waa'ee Yesus ta'uu qaba. Yaadi hunduu waa'ee isaa ta'uu qaba.

Asitti Yesus jaalala akkasii nutti agarsiiseera.

> "Atis Waaqayyo kee goofticha garaa kee guutuudhaan, jireenya kee guutuudhaan, yaada kee guutuudhaan, humna kee guutuudhaanis jaal'achuutu siif ta'a'!" Marqoos 12:30

Kun jaalala! Kun of-kennuudhas! Waaqayyoon garaa kee **guutuudhaan**, jireenya kee **guutuudhaan**, yaada kee **guutuudhaan**, humna kee **guutuudhaani**s. Jaallalli akkasii kun akkamiin gara jiruutti nu geessa? Gara inni deemuu qabu hundumaatti isa duuka bu'i.

Ani Yesusiin hammamin jaalladha? Yesuusiin hammam jaal'atta? Dhugaadhumaan deebisi. Kun karaa isa qofaa fi isa ho'a qaama keenyaa ittiin safarruudha. Waaqayyo ho'ina jaalala hafuuraa nuti isaaf qabnuun karaa inni itti safaruudha. Waa'ee kanaa waan Yesus jedhe ilaalli.

> "Gara ergamaa waldaa Laa'odiiqeyaatti, 'Ergaa kana isa karaa isaa wanti hundinuu "Ameen" jedhamu, dhuga-baatuu isa

amanamaa, isa dhugaadhaaf dhugaa ba'u, isa wanti Waagayyo uume hundinuu biraa ka'e sanatu erge' jedhii caafi!" Ergichi, "Ani hojii kee beeka; hojii kee keessatti ati bulluqaa yookiis diilalla'aa miti; ati buluqaa yookiis diilalla'aa utuu taatee in wayya ture! Ati garuu bu'aa dha; diilalla'aa yookiis bulluqaa waan ati hin ta'iniif, akka nama bishaan bu'aa afaan isaa keessaa tufuutti, anis si tufuufan jira. "Atis, 'Ani sooressa, geessifadheera, wanti ana barbaachisus hin jiru' in jetta; ati nama gadadamaa namni boo'uufiin ta'u, deegaa, jaamaa, qullaas ta'uu kee hin beektu. Ani immoo akka sooromtuuf warqee qulqulluu ibiddaan ilaalame, qullaa taatee yeella'uun kee akka hin mul'annetti, uffata adii, arguu akka dandeessutti qoricha ijatti naqattu ana irraa akka bitattu sin gorsa. Warran jaal'adhu hundumaa balleessaa isaanii ittan mul'isa, barsiisuudhaafis nan adaba; ammas dhimmiitii yaada garaa kee geddaradhu! Kunoo, ani balbala dura dhaabadhee balbala nan rukuta; namni sagalee koo dhaga'ee balbala yoo anaaf bane, ani ol nan lixa, isaa wajjinis maaddiitti nan dhi'aadha, innis anaa wajjin in nyaata. Ani ofii kootii mo'ee abbaa koo wajjin teessoo isaa irra akkuman taa'e, inni mo'u anaa wajjin teessoo koo irra akka taa'uuf aboo nan kennaaf." Mul'ata 3:14-21

Jechootti sun duuka-buutuu biyya Loodoqiyaa jiraatan, hojjetan fi waaqessan kan dinqisiifachiiseera. Akkan yaadutti jarri kun akka waan **duuka-buutuu** gaarii kan Kiristos ta'annitti of-yaadu. Hanga kiristaanummaan sirna amantaa isaa haaraa addunyaa bara sanaa ta'etti hawaasa jaarraa 1ffaa Dh.K.B irraa ala ba'anii dhaabatu turan. Akka sooressa ta'annitti, kan homaa hin barbaannetti of-ilaalu turan,

garuu Gooftaanii fi fayyisaan isaanii akkamiin isa ilaalaa? Bishaan bu'aa. Jireenya jeeqamaa. Kan hin gammanne. Iyyeessa. Jaamaa. Qullaa. Yesus duuka-buutuu Lodoqiyaaf hawwiinsa ituu isaan qorraa ykn hoo'aa ta'annii turan. Kan inni isaaniin jedhu bu'aa ta'u dhiissuun baayyee gaarrii akka ta'eedha.

Jechoota Yesus waldoota kiristaanaa mul'ata Yohaannis 7niin jedhu akkan dhaabadhe duuka-buutuu akkamii akkan ta'een of-ilaale. Hoo'ina jaalala hafuuraa kan ittiin safarru Yesus isa jaallataa ta'eeni. Inni warra jaal'atuu in ifataa in adabas. Waanan argu ergan hin jaa'lannee, waan wayyuu hojjechuun danda'a jechuudha. " *kanaafuu kan ati ta'uu qabdu hinaafaa fi yaadasaas kan diddiiratu" ta'uudha.* Inni waadaa adda ta'e nuuf qaba.

*"*Kunoo, ani balbala dura dhaabadhee balbala nan rukuta; namni sagalee koo dhaga'ee balala yoo anaaf bane, ani ol nan lixa, isaa wajjinis maaddiitti nan dhi'aadha, innis anaa wajjin in nyaata*."*

Duuka-buutuu bu'aan gara Yesusiin jeeqa (*"Ani hojii kee beeka; hojii kee keessatti ati bulluqaa yookiis diilallaa'aa miti; ati bulluqaa yookiis diilallaa'aa utuu taatee in wayya ture! Ati garuu bu'aa dha; diilallaa'aa yookiis bulluqaa waan ati hin ta'iniif, akka nama bishaan bu'aa afaan isaa keessaa tufuutti, anis si tufuufan jira."*), garuu inni amma iyyuu nu jaal'ataa hinaafuu fi qalbii diddiirachuu keenya eegaa. Inni balbala dura dhaabatee rukuta akkasumas yoo sagaleesaa dhageenye inni seenee nu wajjin dhiyaana nyaata.

Mee ho'ina keenya har'aa haa safarannu. Waan argaa jirru hin jaallanne taanaan filannoon keenya hinaafaanii fi qalbii diddiirannaadha, yeroos Yesus ol-seena nu wajjinis tokkummaa isaas ni haareffama. Yesusiin duukaa-bu'uun akkam namatti tolaa.

Duuka-Buutuun kan Baratuudha

Namoonni Yesus duukaa bu’an **Duuka-Buutuu** jedhamu.

“Yesus namoota baay'ee sana argee gaaratti ol ba'e; erga inni taa'ees bartoonni isaa gara isaatti walitti qabaman.” Matewoos 5:1

Bartoonni isaa gara isaa **dhufan**. Kun kan duuka buutuun gotuudha – isaan gara Gooftaan dhaqu deemuudha. Isaan isa **duukaa bu'u**. isaa wajjin ta'u jaal'atu. Yaadni isaanii hunduu fedhii galmi jireenya isaanii inni ol-aanaan jireenyi isaanii isaa wajjin ta'uudha.

> "Yesus hiixatee qabee, "'Fedheera, qullaa'i!" jedheen; achumaanis lamxiin isaa isa irraa qullaa'e." Matewoos 8:3

Ergaan Kakuu Haaraa inni angafni namoonni Yesusitti amanan isa duukaa bu'u. isaan in daawwatu, in dhaggeefatu, in yaadu, in baratu, duukaa bu'u..

Jechi "duuka-buutuu" jedhuu barataa jechuudha. Asi dhufaatin jechicha Kakuu Haaraa keessatti Afaan Girikiin *Matetees* – " kan baratu jechuudha, yaada yaalii kan taasisu jedhus of keessaa qaba." Bartoonni Yesus Kiristoos waa'ee waanti isaan baratan waa'ee Gooftaa isaanii fi waan akka isaan Godhan inni irraa barbaadu akkasumas waan baratan sana immoo hojiitti jijjiiru. Duuka-buutuun nama waa beeku tokko jechuu miti. Duuka-buutummaan dhaga'uu, barachuu, fi rawwachuudha.

Ani kan an Yaadu Kiristanonni warra yaadan (thinkers, Yaada Falasamaa) miti; sammuu isaanii ituu hin fayyadamin waan itti himame warra wajjiin irra olchanii fi dhugaa irratti kan xiyyeefataniidha. Kiristaanonni akka isaan warra Yaadan (thinkers) hin taanettan yaada. Ani gantummaa kiyyaan waanan boonaa tureef, inni immoo "birmadummaan kan yaadu" (free thinker) na taasise. Isa booda gara kiristaanummaatti ergan deebi'ee Waaqayyotti amanee booda sammuun kiyya hin cufame jechuu miti. Dhugaa isaa ani yeroo jalqabaafan jireenya koof yaadaan bara jireenya kiyya

keessatti baradhe. Ani kanan duukaa bu'aa jiru isa biyyi lafaa duukaa bu'aa, dubbachaa fi gochaa jiru miti. Waaqayyo keessa koo Hafuura Qulqulluu kaa'ee **dubbii isaan** immoo natti dubbata. Ani Waaqayyo irraan baradhe, Ogummaa isaatti hirkadheen jireenya hedduu wayya'aa ta'ee kana ofii koon bira ga'uu hin danda'inan argadhe. Mee waa'ee namicha isa birmadummaan yaadu "free thinker" ta'uu yaadi!

Waaqyyo irraa dhaga'uun jalqabbii maalummaa bartuu Kristoos. Dhaga'uun gara yaaduutti nama geessuu qaba. Yaaduun immoo gara barachuutti naa geessuu qaba. Barachuun immoo gara gochuutti nama geessuu qaba.

1. Dhaga'uu
2. Yaaduu
3. Barachuu
4. Raawwachuu

Kun adeemsa ulfaataa miti, garuu salphaas miti – akkasumas si'aa'aa miti. Bartuu Yesus Kiristos ta'uutti guddachuuf yaalii fi yeroo kan gaafatuudha. Ani karaa fooyyee qabu yeroo ofii itti balleesuun ta'u kan biraan lafarra hin jiru. Nuti yeroo duuka-buutuu isaa taanu Yesus "kennaa jireenya bara baraa" nuuf kenna. Jireenyi nuti lafarraa qabnu gabaabduun kun jalqabbii faarsaa jaalalaa Yesus isa teessoo laphee keenyaa ta'ee wajjin faarsinuudha.

Duuka-Buutuun kan Abboomamuudha

Kaleessa, akkamittiin duuka-buutuun Yesus Kiristos barataa ta'uu akka qabu ilaalleerra. Waan inni dubbatu in dhaggeefatu dubbiisaa jechoota ogummaa fi kallattii dhimmamanii ni xinxalu. Haa ta'u malee achitti qofaa hin dhaabattu.

Duuka-buutuun Yesus Kiristos **gootuu dubbichaattis**. Isaan waaan Waaqayyo dubbatu kan dhaga'anii fi abboomii isaafis kan abboomamaniidha. Yesus duuka-buutotasaaf kan inni ifa godhe tokko isaaf abboomamuun eenyummaa duuka-buutuu ta'uu isaatti.

> “Yesus immoo gara isaaniitti dhi'aatee, "Gooftummaan hundinuu waaqa irratti lafa irrattis anaaf kennameera. Egaa dhaqaa, maqaa abbaatii fi ilmaatti, kan hafuura qulqulluuttis isaan cuuphuudhaan, saba hundumaa bartoota koo godhaa! Waanan isin abboome hundumaa eeguu isaan barsiisaa! Kunoo, ani immoo hamma dhuma baraatti guyyaa hundumaa isinii wajjin nan jira" isaaniin jedhe.” Ameen. Matewoos 28:18-20

Yesus **adeemsa** duuka-buutuu dubbachuu isaan dura, **humna** duuka-buutuu eeree ture: **"Gooftummaan hundinuu** waaqa irratti lafa irrattis anaaf kennameera.” nuti tarii adeemsa Yesus Kiristosiin duukaa bu’uu keessatti, garuu yaaliin keenya humna isaan ala waa’ee kan baasu miti. Yesus **Gooftummaa hundumaa** waaqa fi lafa irratti qaba. Jecha Girikii *ekizawusiyaa* (exousia) kana jechuunis “mirga hojjechuu, aangoo hojjechuu, ayyama hojjechuu, birmadummaa raawwii.” Yaadini kun Yesus Kiristos mirga fi humna akka isa gammachiisu hojjechuu qabachuu mul’isa. Yesus aangoo waan barbaade hojjechuu fi waan fedhe duuka-buutotasaa irraa fudhachuu qaba. Yesus maal akka raawwannuuf barbaadaa? “Egaa dhaqaa, saba hundumaa bartoota koo godhaa!” Yesus aangoo isaan **deemnee** saba hundumaa duuka-buutuu akka taasifinu barbaada. Akkamii duuka-buutuu taasifina? waan innii nu abboome hundumaa eeguu akka baraniif ni barsiifina.

Yesus maal akka nu’i ta’uu fedhu argiteetaa? Barsiisotaa! “Waanan isin abboomee akka eeganiif isaan barsiisa.” Duuka-buutuu barachuu fi abboomamuurratti hundaa’uudhaan kan beekumsa horatuudha.

“Waanan isin gaafadhe akka eegan isaan barsiisa” hin jenne Yesus. Kan inni jedhe garuu, “Waanan isin abboome eeguu isaan barsiisa” kan jedhuudha. Barsiisan kan abboommii Gooftaa fi fayyisaa isaanii eeguu fi warra kaanis akkasuma akka eegan kan barsiisuudha.

Yesus jalqaba abboomamuu guutuu ta’een akka isa duukaa buunu, itti aansuudhaan warra kaanis akkamittiin abboomamuu guutuu ta’een akka isa duukaa bu’an akka barsiifinu barbaada.

1. Yesus ni geggeessa – nuti duukaa ni buuna.
2. Yesus ni barsiissa – nuti ni baranna.
3. Yesus ni abbooma – nuti in abboomamna.
4. Yesus aangoo isaa duuka-buutota isaatiif kenne – nuyi immo akkamittiin akka isa duukaa bu’anii fi akka abboomaman barsiifina.

Baay’ee salphaa, garuu immoo ammayyuu ulfaataa. Yaadi isaa baay’ee salphaa, garuu immoo bara jireenya ofii guutuu of-kennuu fi abboomamuu dhimmicha raawwachuu gaafata. Wal’aansoo kanaaf ati qophaa’aadha? Ani Yesusiin amanachuudhaafi abboomamuu irra jireenya keenya keessatti waan wayyu kan biraa gochuun waan nurra jiru natti hin fakkaatu.

Duuka-buutuun Qofaasaa miti

> “Bartoonni kudha tokkon immoo, Galiilaa keessaa gara gaara itti Yesus wal argina isaaniin jedhe, in dhaqan. Yeroo isa argan in sagadaniif; kaan garuu in maman. Yesus immoo gara isaaniitti dhi'aatee, "Gooftummaan hundinuu waaqa irratti lafa irrattis anaaf kennameera. Egaa dhaqaa, maqaa abbaatii fi ilmaatti, kan hafuura qulqulluuttis isaan cuuphuudhaan, saba hundumaa bartoota koo godhaa! Waanan isin abboome hundumaa eeguu isaan barsiisaa! Kunoo, ani immoo hamma dhuma baraatti guyyaa hundumaa isinii wajjin nan jira" isaaniin jedhe.” Matewoos 28:16-20

Maaliif mamiin gara Bartoota 11 keessa akka bule takka si dinqee hin beektaa lataa? Isaan fuula Yesus isa du’aa ka’ee dura dhaabatanii

jiru. Hundumti isaanii iyyuu isa arganiiru, wajjin deemaniiru, wajjin dubbataniiru, isa dhaggeefataniiru, isaa wajjin kadhataniiru, isa wajjin nyaataniiru, akkasumas isa qaqqabataniiru. Yesus akka du'uu fi akka du'aa ka'uus beekumsa isaa qabu. Kanaafuu, maaliif mamuu dan da'an?

Jecha afaan Girikiitiin "mamiin" 'eedistaasan' (*edistasan*) jedhama. Kana jechuun "dhaabbannaa lakkuu, karaa maqaa lama qabu irra dhaabachuu" kun kan inni agarsiisu shakkii fi karaa irra goran wal'aalanii tarkaanfii irraa of-qusachuudha. Fakkiin nama karaa damee lamaa irra dhaabatee kan filatu wallaaleeti. Jechi of-qusachuu jedhu mamii isa jechuu irra caalaa hiika nuuf kenna. Duuka-buutuun hundinuu Yesusiin waaqessu, garuu of-qusatu.

Mee yaadi, waan isaan keessa darban. Torban shan isa dhumaa irratti jireenyi isaanii shororka'aa ture. Yesus qabamee ture. Bartoonni hundinuu lubbuudhaan fiigan ba'an. Yesus gidirfamee reebamee fannifame. Inni Du'ee awwaalame awwaallisaa loltoota Roomaatiin eegame. Jireenya isaaniif sodaataa turan. Abdiinii fi abjuun isaan mootummaa masihichaaf qaban hurra'eera. Egereen maal isaanii fi maatii isaaniitiif fidee akka dhufu hin beekan ture. Booda, Yesus du'aa ka'ee si'a hedduu bartootatti mul'ate. Inni waa'ee ergama isaanii lafarraa isa inni booda waaqatti ol-deebi'ee to'achuu fi bulchuuf itti himaa ture.

Daandiin bartoonni irraa "of-qusachuu" qaban kan Yesus irra bu'anii akka isa duukaa-bu'an isaan waam kamtu gaaffii ta'ee jira? Eessatti deemsa danqaman? Jabina qabu turani? Ogummaa qabu turanii? Akkamiin ergama guddaa fuuldura isaanii bakkaan ga'uu danda'u? isaan bakka daandii lakkuu irra dhaabatanii deemsa irraa "of-qusataniiru."

Nuti duuka-buutummaa keenya irraa eessatti “of-qusanne” laataa? Ilma Waaqayyo duuka bu’uu keessatti sababa fuulduratti deemuu dadhabuu waanti nu mudatee jiru amma maalii? Danqama gad fagoo bartoota 11 sababa dhaabachuu ykn fuulduratti deemuu dadhabuuf kan ta’u maal laataa?

Yesus maal siin jedhaa jiraa amma. Inni aangoo fi human hundumaa qaba, kanaafuu deemaa - deemaati maatii keessan, hiriyoota keessan, bakka hojii keessa, hawaasa keessan duuka-buutuu koo taasisa. Akkasumas immoo abdii isaa isa dinqisiisaa hin irraanfatin: “Kunoo, ani immoo hamma dhuma baraatti guyyaa hundumaa isinii wajjin nan jira" isaaniin jedhe.” Amen!

Kun immoo isa Phaawuloos 2Qoronxoos 4:9 barreesse na yaadachiisa. Duukabuutuun Yesus akka ari’aaman dubateera, garuu isaan akka hin dagatamneedha. Yesus sii wajjin ture, sii wajjin jira, sii wajjin ta’uuf jira hanga dhuma baraatti illee. **Ati qofaa kee miti**. Yesus si hin dhiisu. Inni si hin irraanfatu. Karaa inni akka ati irra deemtu barbaadu irra deemi innis sii wajjin ta’a, yeroo hundumaa.

Copyright © 1990-2015 GraceLife Ministries

“Scripture taken from the New King James Version. Copyright © 1982 by Thomas Nelson, Inc. Used by permission. All rights reserved.”

Yesus Duukaan
Bu'a

Yesus Duukaan
Bu'a

Yesus Duukaan
Bu'a